Odeeffannoo Tatamsa'ina COVID-19 – Cargill Meats
(COVID-19 Outbreak Info – Cargill Meats)
Gaaffii fi Deebii Hojjettoota Dhaabbatichaatiif (Q & A for Plant Workers)

Ebla 30, 2020

- Waa'ee dhukkubichaa
- Qoramuu
- Adda Of-baasuu fi Of-Eeeguu
- Geejjiba
- Deeggarsoota Jiran

Waa'ee Dhukkubichaa: (About the Illness:)

- **Erga COVID si qabee, yeroo hammamiitif dhibee kana daddabarsita? (How long are you contagious, once you get COVID?)**
  - Nuti yeroo ati jalqaba mallattoolee qabaattee irraa eegalee guyyoota 10'f yookan hanga mallattoolen kee dhaabatanitti, kan dheeraa ta'e isa kamiifuu, ati dhibee daddabarsaadha jennee amanna.
  - Sababa kanaaf nuti namoonni akka guyyoota 10 keessatti namoota biroo waliin akka wal hin qunnamne itti himna, namoota naannawa kee jiran dhibamuu irraa eeguf jecha.
  - Kuni adda-of-baasuu jedhama.
  - Akkasumas, yoo guyyoonni 10 sun darbanii ati ammallee kan dhukkubsattu taate: nuti isaan kaanitti daddarbuu dhibee ittisuuf akka adda-of-baasuu itti fuftu si gaafanna.

- **Erga COVID-19 qabaachuun mirkanaa'ee booda, haalonni namoonni irra deebiin itti faalamaa ta'an (si'a lammaffaatif faalaman) jiraa? (Are there any cases of people becoming re-infected (infected for a second time) after having confirmed COVID-19?)**
  - Walumaagalatti, nuti namoonni irra deebiin COVID dhan ni faalamu jennee hin yaadnu.

- **Marsaa COVID biraatif yaadda'uu qabnaa? (Should we be worried about another wave of COVID?)**
  - Dhibamtoota lakkoofsa guddaa naannoo-Calgary keessatti kan qabnu fakkaatus, kan asii dhugumaan uummata waliigalaa keessaa dhibbeentaa baay'ee xiqqoodha.
  - Sana jechuun kan vaayirasichaaf hin saaxilamne baay'ee keenyatu jirra jechuudha.
  - Yaaddoon jiru, yoo vaayirasichi deebi'ee dhufee fi nuti of-eeggannoowwan nuti gorsinu hunda hordofaa hin jirru yoo ta'e, lakkoofsi guddaan dhibamtootaa yeroo uumamuu fi dhukkubichi yeroo tatamsa'u arguu dandeenya.
  - Nuti kana iddoo hojii fi walitti qabamawwan maatii, iddoo hirmaattonni hedduun itti dhukkubsatanii ergasii immoo vaayirasicha miseensota maatii mataa isaaniitti dabarsan keessatti arginee jirra.
  - Of-eeggannoowwan yeroo ammaa gorfamaa jiran hunda ilaaluf, www.alberta.ca/covid19 daawwadhu.

- **Talaallii Daranyoo Sombaa (TB) yoon fudhadhe yookan dandamannaa TB riphaa qabaadhe, ani COVID dhaf dandamannaa gartokkee nan qabaa? (If I have taken the TB vaccination or have TB latent immunity, do I have partial immunity against COVID?)**
  - Lakkii.

- Nuti qorannoo talaallin TB COVID-19 irratti dhiibbaa qabaachuu ibsu kamiyyuu hin beeknu.
- Yeroo ammaa talaallin faalama COVID-19 ittisu hin jiru.

Qorannoo: (Testing:)

- **"Qoratamee poozetiivii ta'uun kan mirkanaa'e" fi "faalamaa hin qoratamne" kan jedhu gidduu garaa garummaan jiru maali? (What does "tested and confirmed positive", versus "infected not tested" mean?)**
  - Darbee darbee, namoonni tokko tokko dhibamanii turanii qorannoon isaanii garuu akka negetiiviitti yeroo inni deebi'u argina. Namoonni kunneen carraan COVID-19 qabaachuu isaanii guddaadha garuu sababa yeroo mallattoolen erga jalqabanii darbeen, qorannoo laaboraatoriitin mirkaneessun hin danda'amne. Dhukkubsattoonni kunneen, yoo seenaa saaxilama COVID qabaatan, "faalamaa hin qoratamne" jedhamanii waamamu.
  - Namni COVID dhaf qorannoo poozetiivii qabu kamiyyuu "qoratamee poozetiivii ta'uun mirkanaa'e" jedhama.
  - Namni mallattoolee dhibee qabu kamiyyuu dirqama hojii dhiisee mana turuu akka qabu hubachuun barbaachisaadha.
  - Namni Alberta keessa jiru kan mallattoolee COVID-19 qabu kamiyyuu qorannoodhaf ulaagaa ni guuta. Isaan gara www.ahs.ca/covid deemuu fi qorannoo kaffaltii irraa bilisaa ta'eef ergamuuf, gamaggama sarara intarneetii irraa guutuu danda'u.

- **Ani hojjettoota Cargill isaan qoratamanii poozetiivii ta'an garaa garaa irraa dhaga'een jira. Harki caalan isaanii mallattoolee kamiyyuu akka hin qabaanne dubbatan. Wanti kun naa galuuma dide. Sababni isaa maali? (I have heard from different Cargill workers who get tested and are positive. Most of them said they don't have any symptoms. I am so confused. What's the reason?)**
  - Namoonni qoratamanii poozetiivii ta'an, garuu mallattolee kan hin agarsiisne tokko tokko jiru. Kuni sababa nuti mallattoolee agarsiisuu isaaniitiin dura isaan qorachaa jirruuf ta'uu danda'a. Namoonni dhibbeentaa muraasni sirumaa mallattoolee hin agarsiisan – nuti isaan xinnuma daddabarsu jennee yaadna, garuu namoonni kunneen ammallee mana turuutu irraa eegama (qabxii armaan gadii ilaali)
  - Ati amma mallattoolee agarsiisaa jiraachuu dhiistu illee – yoo ati qorannoo poozetiivii qabaatte, ati gochuu kan qabdu tokko yookan:
    - Yoo mallattoolen siruma hin uumamne, yeroo qorannoon fudhatame irraa eegalii guyyoota 10'f mana turi
    - Yoo mallattoolen mul'atan, yeroo mallattoolen jalqaban irraa eegalii yookan hanga mallattoolen badanitti, isa dheeraa ta'e kamiifuu, guyyoota 10'f mana turi.

- **Namoonni mallattoolee hin agarsiifnes vaayirasicha daddabarsuu danda'u. Namoonni Cargill yookan iddoowwan biroo High River keessatti hojjettan vaayirasicha daddabarsaa jiraachuu isaanii akkamitti beekna? Maalif namoota hunda hin qoranne? (People who don't show symptoms can also spread the virus. How do we know if people who are working in Cargill or other places in High River are spreading the virus? Why not test everyone?)**
  - Nuti namoota Cargill fi warshaalee foonii biroo keessa hojjetaniif, yoo mallattoolee hin qabaanne illee qorannoo dhiheessaa jirra.
  - Ati yoo mallattoolee hin qabaanne qoratamuun sirraa hin eegamu, garuu yeroo tokko tokko nuti faalamichi akkamitti akka tatamsa'aa jiru hubachuuf qorannoo ni raawwanna.
  - Haaluma walfakkaatun, Manneen Kunuunsaa Itti-fufan keessatti, yooma isaan mallattoolee hin qabaanne illee, nuti hojjettootaa fi jiraattota qorataa jirra.
  - Uummata waliigalaa Alberta'tiif, warreen mallattoolee qaban waan garmalee dhukkubicha daddabarsuu fi faalamicha tatamsaasuu danda'aniif, isaan qorachuun baay'ee barbaachisaadha.
  - Namni Alberta keessaa kan mallattoolee qabu kam iyyuu qoratamuun isaa seera.
  - Dandeettii qorachuu qabnu tarsiimoo qorannoo keenyaa waliin wal madaalchisuu keeenya mirkaneeffachuu qabna.
  - Qorannoon hundi kaffaltii irraa bilisadha, dirqamas miti.

- **Bu'aa poozetiivii jalqabaa booda maalif qorannoo lammaffaa hin goonu? Isaan mallattooleema keenya irratti hundaa'aa jiru, sababa dhibamtoonni mallattoolee qabaachuu dhiisan illee ammallee poozetiivii ta'an waan jiraniif, maalif adda-ba'anii turuu guyyoota 14 booda qoratamuun dirqama hin taasifamu. (Why we are not having a second test after the first positive result? They are just relying on our symptoms, why not make it mandatory to do a test after the 14 days quarantine, because there are cases that they are still having positive result despite not having symptoms.)**
    - Nuti yeroo kanatti namni tokko qorannoo nagetiivii hanga qabaatutti eegun barbaachisaa miti jennee amanna.
    - Qorannoon nuti goonu jiraachuu vaayirasichaa adda baasa malee vaayirasichi lubbuu qabaachuu yookan du'aa ta'uu isaa himuu hin danda'u.
    - Qorannoon vaayirasichaa guyyoota 10 booda poozetiivii ta'uu danda'u illee, vaayirasiin jiru du'aa ta'uu isaa irraa kan ka'e nama faaluu akka hin dandeenye qorannoowwan argatanii jiru.
    - Maaloo HUBADHU: Cargill Plant'n hojjettoonni hundi hojiitti deebi'uun dura qoratamuu akka qaban gorsaa jira. Qoratamuun dirqama akka hintaane hubachaa AHS sagantaa sanatti walii galee jira– hojjettoonni hundi akka qoratamaniif ni afeeramu, garuu hojiitti deebi'uun dura qoratamuuf yookan irra-deebin qoratamuuf gaafatamuu hin qaban.

- **Yoo tokkoon tokkoon namootaa qorataa hin jiraanne, nuti namoota baattoota mallattoolee homaatuu hin agarsiisne akkamitti keessummeessina (tatamsa'ina hawaasaa too'anna)? (How do we accommodate for (control community spread) people who are asymptomatic carriers, if we are not testing everyone?)**
    - Cargill fi haalota qacarrii biroo iddoo tuutawwan faalamawwanii itti arginu ilaallee, tatamsa'ina hordofuu fi tatamsa'ina daangessuu keenya mirkaneessuf, namoota hunda qorachuun baay'ee barbaachisaa akka ture argine.
    - Uummata waliigalaa ilaalchisee, nuti qorannoo keenya namoota warra kaan caalaa namoota biroo faaluu malan irratti xiyyeeffachaa jirra, namootni sunneen ammoo isaan mallattoolee qabaniidha.
    - Namni mallattoolee qabu Alberta keessaa kamiyyuu qoratamuudhaf ulaagaa ni guuta.
    - Erga namni tokko qoratamee, namoota mallattoo agarsiisanitti namoota baay'ee dhiyaatan hordofnee qorannoo "namoota itti dhiyaatanii" tiif haala mijeessuudhaaf "faana-dhooftuuwwan qunnamtii" fayyadamna. Kuni isaan faalamicha eessaa akka fudhachuu malan adda baasuu, akkasumas warreen saaxilamuu malan hubachiisuu fi isaan wajjiin hojjechuuf nu dandeessisa. Galmi keenya tatamsa'ina daangessuudha.
- **Cargill itti lakkoofsi dhukkubsattootaa dabaluu itti fufa. Kun yaaddessaadhaa? (Case numbers continue to go up at Cargill. Is this concerning?)**
    - COVID-19 weerara itti fufaa deemudha, addunyaa guututti.
    - Vaayirasiin kun hawaasota keenya keessa naannawaa akka jiru waan beeknuf, akkuma uummata Alberta keessaa daran qorachaa deemnuun, dhukkubsattoota dhibee kanaa baay'ee adda baasna.
    - Namoota dhibaman adda-baasuudhaan, akkasumas hanga isaan mallattoo irraa bilisa ta'anitti hojiitti akka hin deebiine eeyyamuufii dhiisun, iddoon hojii nagaya ta'ee tura.

- **Hojjettoonni Cargill akka COVID-19 dhaf qoratamaniif akkamitti gargaaruu dandeenya? (How can we help Cargill workers to get tested for COVID-19?)**
    - Gamaaggamni sarara intarneetii irraa karaa saffisaa ati qorannoo si barbaachisuu malu argachuu ittiin mirkaneeffattudha. Marsariitii AHS ahs.ca/covid irratti daawwachuun argachuu dandeessa.
    - Yoo gamaggamni si barbaachisuun sitti dhaga'ame, maaloo adeemsawwan adda-of-baasuu hordofi, gamaggama sarara irraanii fudhadhu YOOKAN narsii Health Link wajjiin haasa'uuf 811 bilbili. Narsoonni Health Link 811 keenya yaaddoowwan waa'ee COVID-19'f saaxilamuu uumamuu danda'uuf deebii kennuuf addumaan leenji'anii jiru.

- **Ani gamaggama sarara irraaanii godhuuf yaaleen ture, garuu gaaffiiwwan isaa hubachuu hin dandeenye. AHS filannoowwan biroo maal qaba? (I tried to do the online assessment, but I don't understand the questions. What other options does AHS have?)**
    - Namoonni Narsii Galmaa'aa kan keessattuu yaaddowwan waa'ee COVID-19'f saaxilamuu uumamuu danda'uuf deebii kennuuf leenji'ee jiru kallattiin dubbisuuf Health Link 811 irratti bilbiluu danda'u.
    - Health Link'n tajaajiloota afaan hiikuu, afaanota 300 ol ta'aniin, 24/7 kenna. Yoo gargaarsa afaanii barbaadde, maaloo 811 deeggarsaaf bilbili.

Of-Adda Baasuu fi Of-Eeguu (Self-Isolation and Protection)

- **Yoo dhukkubsataan mirkanaa'e maatii keessa jiraate, namoonni biroon maaticha keessaa maal gochuu qabu? (If there is a confirmed case in the household, what should the other people in that household do?)**
    - Yoo mana keessa dhukkubsataan COVID-19 mirkanaa'an jiraate, miseensonni maatichaa biroon hundi, guyyaa jalqabaa mallattooleen dhukkubsatichaa mul'atanii fi dhukkubsatichi miseensota biroo maatii irraa adda-of-baasuf of-eeggannoowwan itti fudhate irraa kaasee guyyoota 14'f add-of-baasuu qabu.
    - Kuni tatamsa'ina faalamichaa ittisuuf gargaara.
    - Yoo miseensi maatichaa biraa qoratamee poozetiivii ta'e, yoo walqunnamtiin itti fufaa dhukkubsataa poozetiivii wajjiin jiraate, guyyoonni 14 ammas maatii guutudhaaf jalqaba.
    - Yoo namoonni sababa bal'ina maatii irraan kan ka'e adda-of-baasuuf rakkoo qabaatan, namoonni ofiin akka adda-of-baasan gargaaruuf deeggarsi jira. Tajaajiloota kanneen argachuudhaf, ogeessa fayyaa maatii keetii yookan 811 qunnamuu dandeessa.

- **Hawaasa keessa olii gadi deemuun sirriidhaa? (Is it okay to be walking around in the community?)**
    - Namoonni dhukkubsattoota mirkanaa'oo COVID-19 ta'an, yookan isaan adda-of-baasanii turuun irraa eegamu, mana isaanii gadhiisanii deemun hin eeyyamamuufi.
    - Ati yoo pozeetivii COVID-19 hin qabaannee fi adda-of-baastee turuun sirraa sirraa kan hin barbaadamne yoo ta'e, hawaasa keessa socho'uu ni dandeessa.
    - Maaloo ammallee namoota kamiyyuu irraa fageenya hawaasaa fiitii jahaa eeguu mirkaneeffadhu. Kuni wanta nuti Albeertaanotni hundi akka godhan gaafannuudha.

- **Namoonni maatii kiyya keessaa tokko tokko COVID-19'n qabamanii namoonni biroon maatiima kiyya keessaa ammoo maaliif hin qabamne? (Why is it that some people in my household have gotten COVID-19 and other people in my same household haven't?)**
    - Maatiiwwan hedduu Chaayinaa keessatti, miseensota maatii keessaa %15 qofatu faalame. Hammi namoota faalamanii dhukkubsatichi miseensota maatii isaan fayyaa ta'an irraa adda-bahuu irratti hammam gaarii akka ta'e irratti hundaa'a.
    - Tarii ejjannoowwan baratamoo atii fi maatin kee gootan - kanneen akka harka dhiqachuu fi dhaabbataadhan mana qulqulleessuu - faalamni akka miseensota maatii kee gidduutti hin tatamsaane dhaabuu danda'aniiru ta'uu mala.

- **Yoo namni tokko COVID-19 qabaachuun mallattoo isaatiin barame, carraawwan isaan poozetiivii ta'uu baay'ee olaanaa waan ta'eef, qorannoo dabalataa malee maatii guutuun COVID-19 qabaachuu mallattoo isaatiin adda baafachuun ni danda'amaa? (If one person is diagnosed with COVID-19, is it possible to diagnose the entire household with COVID without further testing as the chances of them being positive is very high?)**
    - Maatii dhukkubsataan mirkanaa'e keessa jiru yoo qabaanne, nama COVID dhaf poozetiivii ta'e sanaaf saaxilamanii waan turaniif, namoonni maatii sana keessaa hundi akka "qunnamtiiwwan dhihoo" tti ilaalamu.
    - COVID dhaf saaxilamteerta yoo jedhamte, guyyoota 14'f ofii kee adda-of-baasuu qabda. Maatii tokko keessatti, kana jechuun miseensonni maatii dhukkubsataa mirkanaa'aan COVID mana isaanii keessatti

argame hundi guyyoota 14'f adda-of-baasanii mallattoolee agarsiisuu isaanii hordoffiin adda baafachuutu irraa eegama.
    - Miseensota maatii manicha keessaa gidduutti carraa tatamsa'ina faalamichaa hir'isuuf, maatii keessatti gorsawwan faalama irraa of qulqulleessuu fi adda-of-baasuu raawwachuun ammallee barbaachisaadha.

Geejjiba (Transportation)

- **Namoota adda-of-baasuu jala jiraniif, kiliinikaa fi hoospitaala deemuuf rakkoo geejjiba argachuu akkamittiin oolu? Dhaabbileen taaksii namoota COVID-19 qaban geejjibsiisuuf tole jechaa hin jiran. AHS'n gosawwan geejjibaa kam kennuu danda'a? Yoo hiriyoota yookan maatii isaan geessuu danda'an hin qabaanne, namoonni geejjiba hin qabne akkamitti bakkee qorannoo deemu? (For people under quarantine, how can they overcome the challenge of getting transportation to go to the clinics or hospital? Taxi companies are not cooperating in giving rides to people with COVID-19. What means of transportation can AHS provide? How do people who don't have transportation go to the testing site if they don't have friends or family who can take them?)**
    - Warreen iddoowwan qorannoo murtaa'anitti argamuu hin dandeenyef, gamaggamawwan namoota dhuunfaa sarara irraanii fi 811 irratti hundaa'un qorannoodhaf haalonni biroon mijaawuu danda'u. Kuni karaa narsiiwwan fayyaa uummataa hawaasichaa, paarameedikoota hawaasaa, yookan neetworkiiwwan kunuunsa jalqabaatiin ta'uu danda'a.
    - Warreen konkolaataa hin qabanne, hanga danda'ametti fageenya isaaanii eeganii, akkasumas haguuggii afaanii fi funyaan isaanii dhoksu godhatanii, geejjiba uummataa fayyadamuu, hiriyaa/ollaa wajjiin imaluu yookan taaksii fayyadamuu danda'u. Akkasumas iddoo isaan itti adda-of-baasan kamiyyuu fi bakkee qorannoo gidduutti irraa bu'uu hin danda'an.
    - Odeeffannoo dabalataatif, waan mootummaan Alberta namoota qorannoon COVID-19 isaan barbaachisu irraa akka dirqamaatti hin eegne ilaali. https://open.alberta.ca/publications/exemption-isolated-persons-who-require-covid-19-testing-critical-care-emergency-care

Deeggarsoota Jiran (Supports Available)

- **Ofiin adda-of-baasuu deeggaruuf gargaarsa kamtu jira? (Which assistance is available to help support self-isolation?)**
    - Eejensiiwwan hawaasaa tarreeffaman namoonni dhuunfaan mana isaanii keessatti nagayaan adda-of-baasuu danda'uuf qabeenya isaan barbaachisuun gargaaruu danda'u. Namoonni dhuunfaan/maatiiwwan adda-of-baasuuf rakkooleen isaan mudachaa jiru yoo ta'e, filannoowwan biroo adda baasuuf isaan gargaaruu danda'u.

- **Hojjettoonni tokko tokko sababa Tylenol argachuuf gargaarsa argachuu hin dandeenyef mufatanii turan. Hojjettootaa fi maatiiwwan manatti adda-of-baasaniif qoricha ni kennituu? Suni akkamitti hojjeta? (Some workers were disappointed because they couldn't get help to get Tylenol. Do you provide medication to workers and families isolating at home? How does that work?)**
    - Lakkii, AHS'n qoricha hin dhiheessuu.
    - Eejensiiwwan hawaasaa filannoowwan qorichawwan si barbaachisan ittiin argattuu ilaalchisee si gargaaruu danda'uu malu.
    - Qorichoota kamiyyuu akka si barbaachisu yoo sitti dhagahame, maaloo ogeessa qorichaa naannoo keetiif yookan ogeessa fayyaa maatii keetiif bilbili. Akkasumas 811, warra gara ogeessa fayyaa maatii keetti si erguu danda'uuf bilbiluu dandeessa)

Tarreeffama maddawwan dabalataa armaan gadii ilaali:

Calgary Catholic Immigration Society
403-262-2006

UFCW Local 401
403-291-1047

Dhukkuba Cargill itti gabaasi
403-652-4688

Odeeffannoo dabalataa (afaanota garaa garaa)
https://www.albertahealthservices.ca/topics/Page16944.aspx

Gaaffiiwwan
Community.Engagement@ahs.ca